




1.YEROO ISIN DHUFTAN

Yeroo isin **dhuftan(\*2)**,

mana waaqa keenyaa.

**Gammadaa namoota,**

**sin simatti maariyaam haati keenya[\*2].**

Egaa yaa namoota **lubbuu keessan(2)**,

Waaqayyoodhaaf kennaa.

**Maariyaam haati keenya,**

**Nu gorsiti kaaneet dhaggeeffanna[2].**

Fakkeenya isaatiin koottaamee,

**Koottaamee(2)** yaa namaa.

**Waaqayyo yaa kadhannu,**

**Galgalas, galgalaa ganama[2].**

2.KENNAA GUYYAA J IMAATAA

Kennaa guyyaa jimaataa

Maariyaam badhaasa gooftaa

Garaaf akkam si gana

Dubree haadha ulfinaa

Ilmi kee fannoo iratti

Naan jedhe kun harmee keeti

Fudhadhe anis kennaa koo

Maariyaam haadha uumaa koo

**Ani ilma ishee isheenis haadha koo**

**Hin dagadhu hin ganu aayyoo koo(2)**

Waaqayyoon filatamtee

Ayyaanaan kan guutamte

Dubara keessaa adda baatee

Maariyaam kan eebbifamte

**Hin dhokfamu dhugaan macaafa irraa**

**Haati gooftaa ni caalti hunda irraa(2)**

Waaqayyo si wajjiniin

Yaa dubree hin sodaatini

Siin jedhe ergamaan gooftaa

Ni deessa mootii moototaa

**Ani ilma ishee isheenis haadha koo**

**Hin dagadhu hin ganu aayyoo koo(2)**

Dhaabbatee mirga gooftaa

Addunyaaf ni kadhata

Urgooftuu foolii naardosii

Maariyaam haadha iyyasuusii

**Hin dhokfamu dhugaan macaafa irraa**

**Haati gooftaa ni caalti hunda irraa(2)**

3.NAGEENYA KEENYA

Nageenya keenya waaqni keenya, nageenya keenya.

Jeequmsa kaasee nu hin yaaddessu, diinni keenya.

Nutuu hin raafamnu gooftaa qabna, nageenya keenya.

Diinni mo'ame human gooftaan

Irra ejjenneerra fannoo isaan

Galmi sii'olii diigame

Missiraachoo guddaan lallabame(2)

Nu wajjiin jira baanee gallu

Mootiin moototaa faajjii nagaati

Nu hin durs u karaa kamiinuu

Humna uffanneerra gooftaani(2)

Yommuu inni ka’u waaqni keenya

Dura hin dhaabbatu diinni keenya

Humna fara’oon rukute

Gammachuun afaan nu guute(2)

Rakkoon marfame daandiin keenya

Baay’ee cimulleen lolli keenya

Gooftaan dabarsee argine

Waaqa keenyattis gammanne(2)

#### 4.KIDAAANEMIRET

Kidaanemiret na hin dagatini Yoona ga’eera araara keetini

Yommuu naaf dhufu, dhiifamni harka keerraa

Dhukkuba koo irraas dhuguma fayyeera

Gara laafettii koo ati dhuguma namaaf gaddita

Nama du’aaf abdii kute dhufteetu jajjabeessita

Godoo koo isa dukkanaa’e dhufteetu ifa keen guutta

Ana nama moofaa uffatu wayyaa haaraa natti uwwista

Harka namaa hin ilaalu anoo lammata giiftii koo

Mana namaas hin kajeelu naaf eebbisteetta godoo koo[\*2]

Kolfa isaanii nan dadhabe,warra yeroodhaaf sooroman

Isaanoo tasayyuu hin yaadan,boodammoo iyyoomuu isaanii

Ani garagalee hin ilaalu,yeroo isaan natti kolfani

Akka ati na baastun beeka,giiftii koo sitti boonyani

Akkuman jedhe giiftii koo,ati yoom na iraanfatte

Hiyyummaa koo is a durii,seenaa gootee dabarsite[\*2]

Kan keen a dhiba giiftii koo bagan garbicha kee ta’ee

Gammachuudhanan guutame sin faarfadha ammas ka’ee

Meereree haatisaa jedhu isheen maaliif hin fayyistu

Anis deebisee nan jedha isheenoo hin aniifattu

Akka isaanii durii miti-danda’anii hin dubbatani

Na fayyisuu ishee arganii afaan isaanii qabatani

Maal jedhanii dubbaturee teellatti deddeebi’anii

Kanan ittiin boonu haati koo na fayyisuu ishee arganii

#### 5.DEESSUU AMAANU’EEL

Deessuu amaanu’eel yaa haadha gooftaa koo

Galata keeti himtii gammadde lubbuun koo(2)

Dhalootattan hima dubroo ulfina kee

Eenyulleen na hin dhowwu odeessuu waa’ee kee

Haadha dhugaadha ati anaaf dhaadannoo koo

Abdiin koo si’uma qabeenyaan dhuunfaa koo

Fuula kee dhaabbadhee na waama maqaa kee

Baraan yaadatama yoomiyyuu kakuun kee

Na booji’e dubree waa’een jaalala kee

Fakkeenya hin qabdu eenyu kan akka kee

Fayyina nuyiidhaa tsii’oon amanamtuu

Afaan qulqullootaan kan galateeffamtu

Nagaan siin jedha ani akka Elsaabeetiidhaa

Bara koo guutumaa oolmaa keen dubbadha

Maariyaam giiftii koo yaa haadha jaalalaa

Gaafa rakkoo kootii sumatu na ilaalaa

Guyyaan gadda kootii kadhaa keen darbeera

Mataan diina kootii lafa ilaaleera.

#### 6.YAA LUBBUU KOO

Yaa lubbuu koo karaa deemaa jirta

Hin geenye maaliif dhaabbatta

As miti fagoodha biyyi kee

Hin mamiin hidhadhu mudhii kee

Adeemsa karaa kee fagoorra osoo jirtuu

Maaliitiif dhaabbatta otoo yeroon kee jirtuu

Lubbuun kee jireenyaaf boqonnaa akka argattu

Tsii’oon qulqulleettii jannata akka dhaaltu

Abdii tasa hin qabdu biyya lafaa irratti

J ireenyi gaariinoo gubbaa samiiraatii

Burqaa dhuma hin qabne achiitii kan yaa’u

Cubbuun ilmaan namaa isaan kan qullaa’u

Shakkiin hin guutamin keessi garaa keetii

Cimsiitii kadhadhu kufii waaqa keetii

Siif ni yaada inni tasa si hin dagatu

Maaddii dhuma hin qabne isa kan siif laatu.

#### 7.MAARIYAAM

Maariyaam, maariyaamiin jedha

Giiftii koo, ani siin waammadha

Rakkoon koo, martinuu tareera

Hundumtuu, seenaa naaf ta’eera

Maariyaam: dhaloonni martinuu

“ “ : maqaa kee yaa waaman

“ “ : siin darbani jiruu

“ “ : dhiiga ilma keetiin

J aalalli kee adda maal jedhu aayyoo koo

Dhiifama naaf laatte gooftaa kadhatteetoo

Arjummaa kee maraaf kennaa hin qabu ani

Halkanii fi guyyaa sin faarfadha ani

Maariyaam: addaamiif sanyiin isaa

“ “: maariyaam yaa jedhan

“ “: sitti hirkataniitoo

“ “: galata kan argan

Dukkanni hin jiru ifa jiruun kan koo

Eebba maariyaamiitiin guutame keessi koo

Gammadeen burraaqa ani akka waatii

J annata galuudhaaf aayyoon koo naaf jirti.

Maariyaam: warri si abdate

“ “: eenyutu rakkate

“ “: oolee osoo hin bulin

“ “: fumaata argate

Qilee na fuulduraa laalee sodaadhullee

Bidiruun koo si'i na ka'a kufullee

Waadaa fannoo jalaa maariyaamii jechuun

Eenyumtuu hin qaana'u harmee si kadhachuu.

### 8.MAAL QABAREE

Maal qabaree maariyaam yoon si faarsee

Diinota koo ormoota maaltu raase

Anaa miti ergamoonni samii

Si faarfatu qulqulleettii jedhanii

Dokimaas mana isaatti yommuu si waammate

Hir'uun gola isaatii battalumaan guute

Eebbi maariyaamii hir'uu keenya guuta

Kakuun is hee baraanii lalis ee jiraata

Isaayyaas waa'ee kee yommuu itti dubbate

Wabii jireenyaatiif gooftaan si filate

Kakuu fayyinaati bidiruu jireenyaa

Karaa maariyaamiin galaanicha ceena

Daawwitis maariyaam yommuu si faarfate

Masiinqoof baganaa harkatti qabatee

Olkaaseen faarfadha haadha koo maqaa kee

Anaaf yaa baay'atu eebbif ayyaani kee

Elsaabeet maqaa kee yommuu itti dhageesse

Yohaannis garaatii galata dhiyeesse

Kennaa gooftaa beektaa kan itti amante

Dubartoota keessaa ati kan eebbifamte

Gabr'eel ergamichi ergamoota keessaa

Missiraachoo hime ati ilma ni deessa

Galateeffateera galata ulfinaa

Isarraa baradheen galata siif kenna.

### 9.WAAQAYYO ADDUNYAA DAAWWATE

Waaqayyo addunyaa daawwatee

Sanyii gaarii si filate

Maariyaam sin jaalla itti fufee

Fayyisaan karaa kee dhufe

Dubroota keessaa filamtee

Uumaa kee garaatti baattee

Ayyaana qabeettiin siin jedha

Dhaloota keessaa ani tokkoodha

Abidda waaqummaa baattee

Suraafelitti kan ulfaatte

Sirraa nama ta'e haadha koo

Qorichi abdii lubbuu koo

Lapheen isaa waan gaarii baasee

Abbaariyaqosi si faarsee

Anis nan hima ulfina kee

Haadha gooftaa koo ta'uu kee

Kennaa fannoo jalaadha ati

Haadha akka naaf taatu giiftii

Ilmi kee si naaf kenneera

Anis hoo harkaa fudheera.

### 10.FOON KOO LUBBUU KOO MAALIIF MIITA?

Foon koo lubbuu koo maaliif miita(2)

Laguuf kadhannaa dhorkiteetta(2)

Har'aaf bareeddee yoo gabbatte

Karaa addunyaa irra diddibattee

Egaa yaa foon koo tasa taate(2)

Galaa irraanfadhee lubbuu hubee

Gooftaan na waamnaa deebii dhabee

Waa'een kabajaa narra darbee(2)

Lakkii yaa foon koo adabadhu

Na salphisuufi qalbeeffadhu

Lubbuu koo of jedhii sirreeffadhu(2)

Dhugaa jal'istee soba baatte

Gooftaa uumaa kee irraanfatte

Guyyaan kee dhumee sitti dhiite(2)

### 11. TEESSOO SILLAASEETTI(የሰላሴን መንበር)

Teessoo Sillaasetti Qulqulloonni marsanii

Kiruubeel duumessanii teessoo isaa baatanii

Dubroon gidduudhaan Mikaa'eel fuulduraan

Ergamooni baay'een sodaan sagadani

Ilaalaa hubadhaa gammachuu samiirraa

Ilaalaa hubadhaa abbaasaa samiirraa

Teessoo Sillaasetti Qulqulloonni marsanii

Ergamoonni samii faaruun miidhagsanii

Luboonnin samiirraa Qulqulluu(3×)jedhanii

Iccitii guddaa kana arguuf carroomani

Lafarratti argamuu hojii tolummaani

Gamtaa Qulqullootaa biyya Qulqullootaa

Ulfinni Sillaasee galatoon jiraata

Tolummaa fi qulqullummaan samiirra isaa jiru

Waaqni nuun haa gahu kana akka arginu

### 12.GALATA WAAQAYYOO

Galata Waaqayyoo yeroo hundumaatti

Akka Daawiit anoo garbicha isaati/4/Eyyee

Gooftaan koo Amaanu'eel baay'ee na jaalate/2/

Seexana harkaa dhiiga isaan na bitate/4/Eyyee

Seexanni haa leeyyaatu mormituun diinni koo/2/

Humna Gooftaan mo'achuun yoomis kan koo/4/Eyyee

### 13.WAAQAYYO QULQULLUU

Waaqayyoo qulqulluu/3/ uumaa uumamtootaa

Si galateeffanna yaa mootii moototaa/2/

Gooftaa gooftotaa fi abboomaa hundumaa

Uumamtoota keetin kan taate beekamaa

Fayyisaan keenyaafi eegaan keenya suma

Jaalalli nuuf qabdu hammana hin jedhamu

Kan namootaa wajjiin wal hin madaalamu

Kan kee ol aanadha eessattuu hin argamu

Yoo dadhabnee kufnees harka keen nu kaasta

Hidhaa cubbuu keessaa humna keen nu baafta

Gara jireenyaattis jaalalaan nu waamta

Ijoollee kee taanee akka hin garboofne

Addunyaa kanaafis akka hin bitamne

Yaa gooftaa nu eegi humna kee abdane

### 14.UUMAMA HUNDUMA IRRAA

Uumama hundumarraa qulqullummaa

J echaan kan hin himamne olaantummaa  
Yoomis kan hin dabarre dubrummaa(2)  
Kun hundumtu kan sii kenname ati  
Ulfina kan qabdu Waaqayyoo biratti  
Abdii Aaddaam taate lafa kana irratti  
Araarsituun keenya Maariyaam qulqulleetti  
Baha biiftudha ati iftuu kan ganamaa  
Kan taatee argamtee burqituu jireenyaa  
Nageenyaaf jaalalaan kan guutamtee ati  
Eenyun fakkessamta yaa garaa laafeti  
Kitaaba gaarumma nagaan lubbuu keenya  
Haadha haadha caaltu Maariyaam Giiftii keenya  
Abaaboo urgooftu biqiiltu jeennataa  
Karaa keen dhiyaanne nuti gara Gooftaa

15.GALANNI

**Galanni Waaqayyoof haa ta’u inni nuu uumeera akka isa waaqeffannuuf.**

**Galanni Maariyaamifis Haadha Gooftaaf haa ta’u isheen Giiftii keenya akkasumas abdii keenya.**

**Galanni fannoo Kiristoosif haa ta’u kan ittiin fayyine humna keenya akkasumas hirkoo keenya**

ስብሐት ለእግዚአብሔር ኪያነ ዘፈጠረ ከመነአምላኮ  
ስብሐት ለማርያም እመአምላክ እግዚእትነ ወመድኃኒትነ  
ስብሐት ለመስቀለ ክርስቶስ ዕጸ መድኃኒትነ ኃይልነ ወጸወንነ

16.ANIIF MANNI KOO

Aniif manni koo waaqayyoon waaqessinaa(\*2)  
  
Isatti amannee abdii godhannee gocha isaa dhugaa baanaa(\*2)  
  
warri amaaleqoonni naannoo keenya marsuun,  
  
Inni isiniin oolchu eessa jira jechuun  
  
Goota beekamaadha innoo waaqni keenya  
  
Salphinaan deebisee warra diina keenyaa.  
  
Isatti hirkannee humni keenya hin laafne  
  
Gargaarsa isaatiin wanta hedduu darbine  
  
Maqaa isaa jajachuun uniif hojii keenya  
  
Yoomuu hin irraanfannu oolmaa waaqa keenyaa  
  
Akka maariyaamii obboleettii Muusee  
  
Waaqayyoof hojjanna isa nu gaggeesse  
  
Isarraa kan hafe kan biraa hin beeknu  
  
Waaqa ommootatii harka keenya hin laannu  
  
Naasudhaan baqate diinni sagalee isaan  
  
Y0mmuu dhagaahame samii qaqawween isaa  
  
Isaan sun humnaa fi qabeenya isaaninii  
  
Nuti garuu ni moona yoomiyyuu taanan

17. IYYASUUS GOOFTAA KOO

Iyyasuus gooftaa koo maqaan kee yaa ulfaatu  
  
Raajii kee hundumaa haasa’ee hin fixu  
  
Anumaaf madooftee fannoo irras kan oolte  
  
Akkan jiraadhufi iddoo koo naaf duute  
  
Samiiraa gadi buute: maqaan kee yaa ulfaatu  
  
Gara keenya dhufte : “ “ “  
  
Goonfoo namaaf taate: “ “ “

Qaamumaan muul’attee: “ “ “  
  
Kan bade barbaaduuf: “ “ “  
  
Du’aa boollaa baasuuf: “ “ “  
  
Ijoollee addaamiif: “ “ “  
  
Mootummaa kee laachuuf: “ “ “  
  
Dhiiga kee lolaaftee: “ “ “  
  
Cubbuu koo miiccite: “ “ “  
  
Balleessaa koo hundaaf: “ “ “  
  
Dhiifama naaf laatte: “ “ “  
  
Mootummaa kee argachuuf: “ “ “  
  
Maqaa kee faarfachuuf: “ “ “  
  
Human kee naaf kenni: “ “ “  
  
Yommuun siin jiraadhu: “ “ “

18.MAAL J EDHEEN HIMA

Maal jedheen hima arjummaa kee; dubbadhee hin fixu gaarummaa kee[x2]  
  
Tasumaa na hin danda’u garaan koo; sirraa adda ba’uu maariyaam koo[2]

Warra rakkatan: [maariyaamii](#)  
  
Abdii kutatan: “  
  
Yaaddoo baay’eedhaan: “  
  
Warra dhiphatan: “  
  
Ati fumaata isaaniif taatetta; imimmaan iaaniis  
  
qoorsiteetta[2]

Rakkoo baay’eedhaan: [maariyaamii](#)  
  
Yoon qabameyyuu: “  
  
Iyyummaadhaaniis: “  
  
Yoon dhiphadheyyuu: “

Maariyaam si qaba qofaa miti;rakkoon baay’atus homaa miti[2]  
  
Gadaamessi kee: [maariyaamii](#)  
  
Gooftaa kan baate: “  
  
Ijoollee addaamiif: “  
  
Haadha kan taate: “  
  
Si filateera waaqayyoon kee; kanaaf si faarfanna ijoolleen  
  
kee[2]

Ati heerodosiin: [maariyaamii](#)  
  
Yommuu ari’atamte: “  
  
Mucaa kee wajjiin: “  
  
Yommuu dhiphatte: “

Baay’ee mucaa ishee mararfatte;boossee imimmaan ishee dhangalaaste[2]  
  
Gadi deebi’ootaaf: [maariyaamii](#)  
  
Garaa kan laaftu: “  
  
Ijoollota keef: “  
  
Abdii kan taatu: “  
  
Maaloo maal jedheen si jajadha; maariyaam maqaa kee  
  
nan faarfadha[2]

19.ULFINA TOLOOTAA

Ulfina tolootaa yaa Giiftii(2) ulfina tolootaa

Leemmatii nyaata raajiidha leemmatii nyaata(2)

Kabaja isaanii kan Qulqullootaa

Sin faarsa ani faarsaa galataa

Kan ati nuuf deesse buddeena jireenyaa

Ilmi kee jira ifichi keenya

Huccuu Gaarummaa miidhaginni ishee

Ulfa sochoosa qooqni afaan ishee

Abidda deessee abidda haammatte

Osoo si hin faarsiin aduun yoom dhiite

Yaa baha biiftuu baha nuuf taate

Ificha guddaa kan nuuf muul’iste

Hin dukkanooftu jireenyi keenya

Ilmi kee jira ifichi keenya

Nagaan siif haa ta’u nuti si kadhanna

Ati nuuf kadhadhu nuti sitti boonya

Koottu gugee koo fakkaattuu ilma kee

Samiifi lafatu hima waa’ee kee.

20.MEE ILILCHAA(LubaNugusuu)

Mee ililchaa du’aa ka’uu isaatti nutis gammanneerra /2/

Dukkanaa baanee ifa arganne egaa faarfachuudha/2/

Meeililchaa...ka’eera ka’eera

Kiristoos ka’eera

Du’a injifatee

Samiitti ol baheera

Mootichi dukkanaa Taayitaa isaa irraa bu’ee

Inni nuyiif du’e kiristoos nuuf ka’e

Mee iliilchaa...Nutis isa faana

Du’arra ejjenneerra

Mana qulqullummaatti

Ifa uffanneerra

Harka keessan kaasaa ililiin faarfadhaa

Gooftaan nu gargaaree hidhaa nu baasera

Mee iliilchaa...Mul’ate hojiinsaa

Haxxumaan seexanaa

Diinni salphateera

Koottaa ni gammadna

Gooftaan yommuu ka`u humna guddaadhani

Si’ool duwwaa taate boojii ishee laachuuni

Mee iliilchaa..Du’aa ka’uu isaatiin

Taaneerra ijoollee isaa

Galata guddaadhaan

J ajanna maqaa isaa

J abaadha cimaadha kan isaaf himame

Duuti taayitaa hin qabu aangoon isaa dhabame.

21. J AALATAMAADHA MAQAAN KEE

J aalatamaadha maqaan kee

Eeyyeen hin argamne kan akka kee

Fayyisaa lubbuu koo..... eeyyeen

Si du’a na oolche..... “

J alqabaaf dhuma koo..... “

Situ anaaf tolchee jaalatamaadha mqaan kee

Furii dhala namaa.....eeyyeen

Abdicha jaalalaa..... “

Kan sitti amane..... “

Du’a jalaa galaa jaalatamaadha maqaan kee

J aalalaan beekamta.....eeyyeen

Hundumaa biratti..... “

Anis sin caaffadha..... “

Onnee koo irrattii jaalatamaadha maqaan kee.

Galaana callisuu.....eeyyeen

Siin jedhu iyyas uus..... “

Naafatu utaala..... “

Si waamu kiristoos jaalatamaadha maqaan kee

Haadhadhahoo maqaan kee... “

Isa hunda caalu..... “

Addunyaan kun martuu..... “

Ajaja keen buluu jaalatamaadha maqaan kee.

Maqaa fayyinaati..... “

Hundaaf kan kenname..... “

Takkaa bade hin hafu..... “

Kan siitin waamamee jaalatamaadha maqaan kee.

Duutee duuti hafe.....eeyyeen

Bilisa nu baste..... “

Mallattoo fayyinaa..... “

Dhiiga kee nuuf laatee jaalatamaadha maqaan kee.

22. HIDDA J AALALAA

Hidda jaalalaan na hiite; ofii keef duutee jireenya naaf laatte[2]

Sin jaaladha abbaa koo; sin filadha filannoo koo[2]

Si jaalachuuni waan baay’ee gaafata

Si filachuunis kakuu ergamootaa

Boqonnaa naaf kenni adaraa yaa gooftaa;

nama kee ta’uuni ogummaa gaafata[2]

Ati jaalala koof waan hin taane hin qabdu

Dhukkuba keetiin ati hanga du’aattuu

Ani garuu maafan dhaba onnee siif inaafu; hubannaa naaf kenni hunduu natti yaa hafu[2]

Kan si jaalatani siif wareegamani

Abiddaaf bineensa kan afaan bu’ani

Har’aaf yoo fakkaate waan isaan balleessu; abdii isaaniti

gooftaan iyyasuusi[2]

Yommuun yaadadhu yaadannoo dhaabadhee

J aalala keenan mogolee jabaadhe

Erga na filattee gargar nu hin baasu hoomtuu; simalee hin jiraadhu ani hanga dhumaattuu[2]

### 23. MAARIYAAM HARMEE IYYASUUS

Maariyaam harmee iyyasuusi

Adaraa kee maaloo ati nu araarsi(2)

Bartoonni jiru ati qulqullootaa

Hunda isaanii keessaa eenyutu siin qixxaata

Harmee iyyasuusi hundarraa ni caalta

Cubbamaaf ilma kee walitti araarsita

Diina namootaa dursitee kan beektu

Saalfii fuula namaa kan nama oolchitu

Unu yaadadhu ati gaafa dhugaatii isaa

Siin abdii godhanna maaltu nu yaaddessa

Cubbuu hojjanneerra lakkoofsa hin qabu

J ireenya addunyaaraa tasa mudaa hin qabu

Na ajaa’ibsiisa yommuun taa’ee yaadu

Isa na danda’u ilma kee naaf kadhu.

Wami si tuffatan danuu ta’aniiru

Booddee immoo leeyyoodhaan dhufanii hiriiru

Gammadi haadha koo kan akka kee hin jiru

Ulfina ati argatte eenyullee hin jijjiiru.

### 24. SILLAASEE UUMAA KOO

Sillaasee uumaa koo sin galateeffadha

Yoonaan waan na geesseef maqaa keen faarfadha

Maqaan kee yaa ulfaatu samiif lafarratti

Ati qulqulluudha tsara aariyaamiirratti

Tokkos taanaan sadi, sadis taanaan tokko

Anis nan raajessa akka warra abbootii koo

Sillaaseen sadiidha waaqummaadhaan tokko

Anis nan si faarsa naaf bani qooqa koo

Iccitii kee baruuf laphee koo naaf bani

Kennaa ati naaf laatte akka hin daganne ani

Anis jalqabeera ati naaf raawwadhu

Akka abrahaamii mana koo hubadhu

Mana Abrahaamii seentee kan eebbifte

Dhabaa kan turellee Isi’aaqii laatteef

Anaafis naaf kenni kennaa bara baraa

Sillaasee uumaa koo na jabeessi adaraa

Ati naaf dhaga’i faarsaaf kadhannaa koo

Duumessaa gaditti akka hin taane iyyi koo

Ani sittan himadha iccitii garaa koo

Galmee hin badne irratti galmeessi maqaa koo.

### 25. GALATA HAARAA

Galata haaraa waaqayyoof laanna; ka’i masiinqoo atis baganaa[2]

Dugda kirubel teessoo isaa godhatee

Barruu harka isaa irratti addunyaa kan baate

Hojii harka isaatiif ilil yaa jedhani

Uumamni inni uume digdamii lamaanii

Handaara lafaa kana irra guutee

Sakatta’uudhaan inni ni muul’ate

Galanni ni dhaabbata fuula isaa duratti

Tulluutu utaala akka jabbii waatii

Digdamii afranuu luboonni mana isaa

Foolii isa gaarii isaa kennu aarsaa

Dagaleen mana isaa utubaa abiddaati

Samiif lafa irratti galanni kan isaati

Baraanis mo’ee ulfina isaan jira

Mootummaan bittaa sagalee isaan jira

Ergamoota isaatiin ni galateeffama

Gooftaan iyyasuus yoomuu ni waaqeffama.

### 26. M/ Q HAADHA ARAARAATI

Maariyaam qulqulleettiin haadha araaraati(2)

Dhiifama nuuf kadhu ilma kee biraatii

Maariyaam qulqulleettiin haadha araaraati

J aalala isaatiin sirraa kan dhalate

Amaanueel fayyis aan si’i kan filate

Adaraa nu hin gatin nuti si waammanna

Yaa dubroo maariyaam adaraa siin jenna.

Raajichi Isaayyas kan inni dubbate

Fayyisaan dhalate jechichis raawwate

Karaa keen fayyina ijoolleen addaamii

Diinaan bitamuurraa baruma baraanii

Abbaa Riyaagoosi afuuraan guutamee

Galatoo kiiskasiin siin sin kan eebbifame

Akka abboolii keenyaa nuti si waamneerra

Maariyaam qulqulleettii nuuf kadhu adaraa

Gara biyya Gibxiitti isa wajjiin deemtee

Gidiraaf dhiphinatti isa waliin turte

Imimmaan kee sana isa yaadachiistee

Araara ilma kees ati nuuf kadhattee

27. KAN NAMAA WAJ J IIN TOKKO MITI

Kan namaa wajjiin tokko miti yaa waaq jaalalli kee(2)

Yoomuu hin jijjiiramu kan kee(2) gooftaa amalli kee

Har’aaf yoo nu hoo’ise harka irratti nu baatee

Siifan du’a nuun jedhee afaan isaatiin dubbate

Boru yoo kan biraa arge isa wajjiin wal fakkaata

Boolla nuuf qopheessudhaaf orma wajjiin mari’ata

J aalala kee nuuf wayya isa hin jijjiiramne; qabaachuuf

dhabuudhaan isa addaan nama hin goodne[2]

Of harkaa dhabuu keenyaaf yoo mana namaa deemne

Balbala dura dhaabbannee yoo rakkoo keenya himanne

Har’aafoo nuuf liqeessa harka keessa ilaallachaa

Boru nu teelladhaan dhufa mana keenya iyyaafachaa

Ati erga nu jaallatte lamuu keessa hin deebitu; oolmaa koo

fidi jettee ati gatii hin dubbifattu[2].

Argineerra yaa gooftaa lamaanuu adda baafannee

J aalalli keef kan namaa tasa wal hin argine

Kaasnerra ija keenya namarraa abdii hin qabnu

Gargaarsa qabna jennee Oobdii kee keessaa hin baanu

Harka keenya bal’isnee ija keenya ol kaasnee; barnuu kee

irraa eegganna hanga dhumaatti obsinee[2]

28. J ECHA KEESSAA J ECHA ILAALEE

J echa keessaa jecha ilaalee

J echa siif ta’u file

Sin faarfadha yaa giiftii koo

Maariyaamii iccitii sammuu koo(2)

Waa’ee kee barreessuuf yommuun taa’ee yaadu

Tasumaa naaf hin dhufu jechi ani barbaadu

Gadi of deebisuudhaan waaqni siif ergamee; kanaaf jechi

gahaan waa’ee kee dhabame[2]

Ergamoonni waaqaa kan si faarfatani

Ayyaana qabeettii gammadi jedhanii

Sammuu koon ol ta’e jechi ani siif dubbadhu; giiftii koo hin quufu yommuun si faarfadhu[2]

Akkamiin jiraatu sirraa addaan bahanii

Gammadi yaa dubroo siin jechuu dhiisanii

Boqonnaa laphee koo tasgabbii sammuu koo;

maariyaam(2) mallattoo eenyummaa koo[2].

Gooftaan kan siin jedhe jaalallee haadha koo

Waan jedhun dhabe tuffadhee ofii koo

Giiftii koo si malee maalinan jiraadha; fakkii kee tuqeenoo dhiifama argadha[2]

29.AMMA DHUMAATTI

Amma dhumaatti kan amanamte ta’i(2)

Yaa mucaa koo fayyinaaf qophaa’i

Amma dhumaatti: jaalala waaqa keen

“ : qabamii jiraadhu

“ : seeraafabboommii isaa

“ : jabeessii raawwadhu

Amma dhumaatti : karaa fayyinaa kee

“ : jireenya lubbuu kee

“ : mucaa koo jabaadhu

“ : gaafadhu abbootii kee

Amaa dhumaatti : qorumsatti jabaadhu

“ : hin laafin mucaa koo

“ : diina kee akka mootuuf

“ : deddeebi’I mana isaatti

Amma dhumaatti : sobaan dhugaa hin bahiin

“ : diinni si qoruyyuu

“ : mucaa koo jabaadhu

“ : amanami yoomiyyuu

Amma dhumaatti : hin shakkin mucaa koo

“ : amantiitti cimi

“ : karaa jalqabaaarra

“ : jabaadhuu adeemi

30. ከጌታዬ ፍቅር የሚለየኝ ማነው

ከጌታዬ ፍቅር የሚለየኝ ማነው/2/

መከር ኹግር ስቃይ ወይስ መራቆት ነው/2/

እንፈራም እንሰጋም እንጠራጠርም/2/

እግዚአብሔር ከኛ ጋራ ይኖራል ለዘለዓለም/2/

የሰማይ ቤታችን አማኑኤል የሰራው/2/

ግንቡ ጎጹህ ውሃ መሰረቱ ደም ነው/2/

ሳይነጋ ተራምደን እንጓዝ በጠዋት/2/

በደሙ መስርቶ ከሰራልን ቤት/2/

የውሃ ግድግዳ የደም መሰረት/2/

ይኸው ከዚህ አለ የአማኑኤል ቤት/2/

31.NAAF RAAWWATTEETTA

Naaf raawwatteetta arjummaa keetinii

Sin galateeffadhaa ililleedhaanii

Barabaraanii Amaanu’eelii, an siifan bitama Madihaanialamii[2]

Guyyaan natti dhiitee boolla ta’e naannoon koo

Hudhaa rakkinaatiin gad jedhee mormikoo

Gargaara kan dhabe yoo natii fakkaates

Dhiphina laphee koo narraa fageessitee

Waaqa human koo jabina of jajuukoo

Qaannessaa diinotaa gaachana amantiikoo

Akka na hin daganne amma hubadheeraa

Kanan qabu hunadarra siin amanadheeraa

Xiqqooshe baay’isttee kan nama nyaachistuu

Yoon dhabeyyuu kennaa kanan siif deebisu

Ganamaa fi galgala yeroo hundaa kan ifu

Amala keef raajii hojii keetiif safuu

Waaqayyoo koo siif galanni ni ta’a

Mana hiyyeessaatiif suga kenniteetta

Hiyyeessa hin jedhamu qabeenyi koo s’i

Fedhiin koo naa guutee hin hir’atu si achii

32. MAALOO YOMMUU SANA

Maaloo yommuu sana guyyaa dhufa Gooftaa (2×)

Xiqqaanis guddaanis (3×) ni boo’a ni wawwaata (2×)

Bahaatii lixaatii Kaabaatii Kibbatti (2×)

Qilleensatu ergama (3×) dhekkamsa roobuutti(2×)

Samiif lafti yommuus walitti dabalamaa (2×)

Eessana karaansaa(3) bakki galli nammaa (2×)

Samiiiraa Malakanni addunyaaf afuufamaa

Fooniif lafeen walitti qabamee kaafamaa

Dhiphinatu qabata (3×) yommuus mucaa nammaa(2×)

Yommuus Waaqni ni dhufa ulfina guddaani

Toloonni ergamoonni isatti marsnii

Cubbamoonni ni boo’u (3×) ilkaan qarudhaani (2×)

Qulquloonni Goooftaa mirga saa dhaabbatuu (2×)

Cubbamoonni yommuus(2) gurraacha’annii bitaasaa dhaabbatuu (2×)

Qulqulloonni ni galu gannata kan isaanii (2×)

Cubbamoonni garuu(3×) Si’ool murteen isaanii(2×)

33. MAARIYAAMIIDHAAFI

Maariyaamiidhaafi (2×) ni faarfannaafii bara baraanii[2]

Balabala cufame.....bara baraanii

Hiizqi’eel jedhe.....

Qulqulleettii dhugaa.....

Gonkumaa durboodha.....

Fakkeenya godhannee.....

Nutis isuma.....

J aalala dhugaan ni faarfannaafi2×)

Gugee garraamiidha.....bara baraanii

Labsituu nageenyaa.....

J ireenya dukkanaaf.....

Ifa kee nuuf ibsi.....

Ani sin kadhadhaa.....

Dubroo lubbuu kootiif.....

Yaa Qulqulleetii suma wabiin koo2×)

Baay’ee baay’ateeraa.....bara baraanii

J aalalli nuf qabdu.....

Daangaa hin qabu.....

Hin dubbatamu.....

Isheen nan gammadaa.....

Gammachuun taas isa.....

Maqaa ishee waamuun nan faarfadhaaafii (2×)

Koottu koottu yoon jedhu .....bara baraanii

Guyyaa fi halkanii.....

Narraa adda hin bahini.....i

Naafis dhiyoodha isheen.....

Raajii raajii jechuun.....

Ni galateeffatu.....

J aalala ishee ibsuuf jechatu hanqate (2×)

34. ATI ATI BETELIHEEM

Ati ati Beteliheem lafa Yihudaa

Siraatii dhalatee fayyisaan addunyaa

Ulfina Addaamiifi.....Beteliheemii

Nagaa hundumaafi.....

Har’a ni dhalate.....

Dubroo Maariyamiirraa.....

Harka fuudhii kennan.....

Moototni Bahaa.....

Dallaa Horii keessatti.....

Achitti arganii.....

Saba kee Israa’eel.....

Kan isaan eegu.....

Siraa baha jedhanii .....

Akka dubbatan.....

35. ISHOO ISHOO

Ishoo ishoo nuu dhalate (2×)

Samii samiirraatii gadi bu’e

Dubroo Maariyaamiirraa nuuf dhalate

Osoo inni hin dhalanne.....ishoo ishooyi

Arjaan waaqni keenya.....

Yoom argamti turte.....

J annat galmi keenyaa.....

Ifni ba’eeraafii.....

Sabasaa hundumaaf.....

Adeemsi dukkanaa.....

Akka hin nuffisiifneef.....

Akkasitti bu’e.....

Samii gara keenyaa .....

Saba isaa fayyisuuf.....

Hidhaa seexanaarraa.....

Waaqayyo Abbaan erge.....

Tokkicha ilmaasaa.....

Inni jaalateeraa.....

Addunyaa bilisaan.....

36. NATTI HAA HAFU NANOO

Natti haa hafu nanoo yaa waaqa koo

Nanoo natti haa hafu yaa gooftaa koo

Si dhiisee hin jiraadhu ani qofaa koo(2)

Hiyyummaa kee keessaa si baasna jedhanii

Bu’aa adda addaan yoo na sossobani

Siraa adda na baasa yoo ta’e dhumni isaa

Nanoo natti yaa hafu natti yaa hafu hundi isaa

Wantan argee hin beekne yoo na badhaasani

Hoodhu fudhu jedhanii yoo natti guurani

Hiyyoomee jiraachuu naaf wayyaa ooydii kee

Kennaa isaaniit caala anaaf hiixannaan kee

Ergan kan kee ta’ee maaltu natti bade

Dhabuuf argachuu koo nan fudha gammadee

Oduu biyya lafaa na iraanfachiiftee

Gumi koo yeroo hundaa kan kee dhaggeeffatee

37. MAARIYAAM

Maariyaam(2) jennee yoo waammanne haadha gooftaa

Maariyaam(2) jennee yoo faarfanne giiftii keenya

Haadha nageenyaa, haadha qulqullootaa maariyaamiin haadha hundaa keenya(2)

Biqiltuu Phaaxoos lalistuu Sinaati

Giiftiin Maariyaam haadha hundumaati

Haadha isheenoo haadha hin shakkis iisu dhuguma haadha(2)

Goonfoo Solomoon galmee Milkiyaasi

Giiftii Maariyaam ati nu araarsi

Haadha isheenoo haadha hin shakkis iisu dhuguma haadha(2)

Fiinota Loozaa yaabbannoo warqeeti

Baganaa Daawiit masiinqoo Iziraati

Haadha isheenoo haadha hin shakkis iisu dhuguma haadha(2)

38. SEENAA DHALA NAMAA

Seenaa dhala namaa ati kan geeddartu kadhaa keetiin (2)

Giiftii koo ammayyuu na biraa hin hafini (2)

Natti yaadatama bakkee waamamuun koo

Maal keessa akkan ture ilaalee booddee koo

Fooniif bitamuudhaaf wallaalee ofii koo

Kun hunduu ni hafe kadhaa keen giiftii koo

Si yoona ani akkam ta’een jira

Lubbuun du’aaf ka’e maqaa keetiif jira

Kanaafan si waama maqaa kees faarfadha

Saba si hin beeknetti oolmaa kee dubbadha

Miila koo baduudhaaf allayaa ilaallate

J ireenya dagatee kan garaa kutate

Yaa dubroo maariyaam situ sirreeffate

Akkan siif hojjadhu mana keetti na waamte

Ani waammadhee hin quufu haadhakoo maqaa kee

Dubbadhees hin fixu giiftii koo gochaa kee

Ulfaadhu giiftii koo samiif lafa irratti

Waanan jedhu hin qabu waa’ee oolmaa keetii

39. NI DANDEESSA

Ni dandeessa ati yaa gooftaa ni dandeessa (2) sin arge hunda keessaa[\*2]

Aangoo keetiin waan dubbatte ni raawwatta

Harka keetiin kan eegalte ni xumurta

Galata kee gooftaa

Waan dubbatte yeroo keetti miidhagsita

Booda dhuftee gargaarsi kee hunda ni caalta

Situ na jaallata

Qilleensaa fi bishaan jidduu daandii qabda

Kophaa koo miti hin sodaadhu situ naaf yaada

Naaf galteetta waadaa

Na dhaabera fuuldura isaa galataafi

Kennaa isaa isuma harkaa isumaafi

Galanni yaa ta’uufi

40. AMMA IFATU NUUF BA’E

Amma ifatuu nuuf ba’ee(2x)

Durbee irraa dhalatee fayyina nuu ta’e

Saamiirraa gadbu’ee Addamiin barbaadee(2x)

Taayitaa isa jalqabaa deebisuudhaaf jedhee

Amma ifatuu nuuf ba’ee(2x)

Durbee irraa dhalatee fayyina nuu ta’e

Lubbuu isheeraa lubbuu foonsheerra hiimatee(2x)

Fannifamuusaatiin du’aa nu oolfate

Amma ifatuu nuuf ba’ee(2x)

Durbee irraa dhalatee fayyina nuu ta’e

Duuressa osoo ta’uu kan danda’u hundumaa(2x)

Beela’ee dheebotee baate ba’aa namaa

Amma ifatuu nuuf ba’ee(2x)

Durbee irraa dhalatee fayyina nuuf ta’e

Akka barbadaa’uuf mootummaan seexanaa(2x)

Foon Addaam uffatee nuuf ta’e fayyina

Amma ifatuu nuuf ba’ee(2x)

Durbee irraa dhalatee fayyina nuu ta’e

41. MOOTICHI YIHUUDAA

Mootichi yihuudaa Iyyeessuus gooftaadha(2x)

Anis nan jedha abbaa koo Iyyesuus seeni mana koo(2x)

Giiftii koo missiroo solomoon siin jedhe (2x)

Anis nan jedha haadha koo maariyaam seeni mana koo(2x)

Angafti ergamotaa Mikaa’el sumaadha(2x)

Anis nan jedha eegaa koo Mikaa’eel seeni mana koo(2x)

Ijoollée sadani abiddaa kan baaste(2x)

Anis nan jedha eegaa koo Gabri’eel seeni mana koo(2x)

Mootichi amantii Takliyyee sumaadha(2x)

Anis nan jedha abbaa kooTakliyyee seeni mana koo(2x)

Mootichi ziiquwaalaa Abuyee sumaadha(2x)

Anis nan jedha abbaa koo Abuyee seeni mana koo(2x)

Koot duumessaani koot duumessaanii(2x)

Fayyisaa keenya araara keetinii

Durbee Maariyaam kadhannaa keetinii

Ergamaa Mikaa’eel eegumsa keetinii

Ergamaa Rufaa’eel eegumsa keetinii

Ergamaa gabri’eel eegumsa keetinii

42. YAA MIKAA’EELII

Yaa Mikaa’eel hangafa ergamootaa

Cubbuu keenyaan kufnee akka hin hafneef

Ati nu gargaari nu si waammanne

Qomoo yaa’oqoob.....Mikaa’el

Israa’eeliif

Si’I eegduunsanii

Kan gargaaredha

J aalala nuuf kenni nageenya Yaa Mikaa’eel Abbaa keenya[2]

Wayyaan kee warqii.....Mikaa’el

Fuulli kee ifa

Aangoo qabeessa

Garaa laafessa

J aalala nuuf kenni nageenya Yaa Mikaa’eel Abbaa keenya[2]

Fakkii kee dura.....Mikaa’el

Ani nan dhaabbadha

Rakkoo koo hundaa

C1 C2[Type text]

Sittan himadha

J aalala nuuf kenni nageenya Yaa Mikaa’eel Abbaa keenya[2]

Na hin dagatin jedhe.....Mikaa’eel

Ani si hin dagadhu

Hangafa ergamootaa

Qulqulluu Mikaa’eel

J aalala nuuf kenni nageenya yaa mikaa `eel abbaa keenya[2]

### 43. KIRISTOOSI

Kiristoosi uumaa uumamtootaa/2/

Uumaa uumamtootaa/2/ kiristoosi hunduu siin raawwata/2/

Amaanuelii gooftaa bara baraa/2/

Gooftaa bara baraa/2/ Amaanu’elii yaa abbaa araaraa

Maariyaamii yaa haadha nageenyaa/4/

Yaa haadha nageenyaa/2/ Maariyaamii koottu gara keenyaa

Maariyaamii hundee kakuu haaraa/4/

Hundee kakuu haaraa/2/ Maariyaamii mallattoo araaraa

Mikaa’eelii angafa ergamootaa/2/

Angafa ergamootaa/2/ Miikaa’eelii nuuf kadhadhu gooftaa

Gabri’eelii nuuf kadhu araaraa/4/

Nuuf kadhu araaraa/4/ Gabri’eelii sooraa kakuu haaraa

### 44. .MAALUMA

Maalumaan maaliin fakkessina haadha Gooftaa keenya/2/

Haadha keenya Giiftii keenya qulqulleettii eyyee Maariyaamin maalin fakkeessamti/2/

### 45.EENYUMTUU HIN J IRU

Eenyumtuu hin jiru kan akka kee/2/

Hundumtuu ni ilaala gara kee/4/

### 46. DU’A KEESSAA

Du’a keessaa nu baaftee jaalala keetiin nu waamtee/2/

Galanni siif haa ta’u/2/ yaa Waaqayyoo/4/eyyee

### 47. NUUF KENNI WAAQAYYO

Naaf kenni Waaqayyo sammuuf qalbii yeroo hundaa kan si yaadu/2/

Lubbuu koos naaf taasisi seera kee qofaan kan gammadduu/2/

### 48. SI GALATEEFFANNA

Si galateffanna dubroo maariyaami/2/

Abdii waan nuu taatef akka kufne hin hafneef /4/ eyyee

Utuu sanyii siin hanbiisuu baatee/2/

Ibiddi akka sadoomif gamooraa dhala namaa nyaate /4/ eyyee

### 49. DUBARTOOTA KEESSAA

Dubartoota keessaa filamtee kennaa Waaqa irraa kan argatte

Gammadi yeroo hundumaa /2/ yaa Maariyaamii abdiin koo suma /2/

### 50. AKKA MIKAA’ELAA ERGAMAA

Akka Mikaa'elaa ergamaa akka Gabri'eeli/2/

Nagaadhaan nuu koottu /4/ yaa mariyaam nagaadhaan nuu koottu/2/eyyee

ምስ ለ ሚካኤል ወገ ብርኤል ን ዒ ሠና ይኑ የ ማርያም/2/

ን ዒ ድን ግል ን ዒ/2/ድን ግል ምስ ለ ሚካኤል /2/ኧ ኸ

### 51. AKKA ANAANIYAA(Nujajjabeesi)

Akka Anaaniyaa akka Azaariyaa akka Misaa’eelii nu jajjabeessi

Nu jajjabeessi /2/ amantii keenyaani nu jajjabeessi/2/

### 52. NU GARGAARAA

Nu gargaaraa Gooftaa keenya(2×) fayyisaan keenya

Gooftaan keenyahoo Waaqa fayyisaadha

Abbaaf galata Ilmaaf galata galata Afuura Qulqulluu

53. KAN AKKA WAAQAYYOO

Kan akka waaqayyo arjooman eenyudhaa

Kan akka waaqayyo olaanaan eenyudhaa

Ilil jedhaa galataaf dhaabbadhaa(2)

Galaanni eertiraa nu duraa saaqame

Fara’oon ni kufe galaanaan nyaatame

Dhadhaboonnis jabaachuun deemani

Warri imrees kunoo leeyya’ani

Galmi iyyaarkoo inni s odaatamaan

Kunoo ni diigame kadhannaaf faarfannaan

Gara jaboonna nutti jabaatanis

Ni jabaanna waaqa keenyan nutis

Kan nutti darbame waraanni diinotaa

Nu bira tareera yoo kadhannu gooftaa

Sillaaseedhaaf haa ta’u galanni

Moo’ameera aangoo dhabe diinni

Galaanarra yoo deemu suuraa qaba inni

Dambalii ni dhaaba aangoo isaatini

Ilmi dubroo kan nu waaqeffannu

J iraatadha baruma baraanuu

### 54. KOOTTU

Koottu Miikaa’eel koottu/2/ gadda balleessitee nagaa kan laattu koottu Miikaa’eel koottu

Gargaaraa Afoomiyaa

Hojii seexanarraa

Sidha kan fayyise

Baahiraan du’arraa

Anas na gargaari

Akkuma isaanii

Miikaa’eel na dhaabi

Amantaa kiyyaani.....Miikaa’eel koottu gadda balleessitee nagaa kan laattu koottu Miikaa’eel koottu

Koottu Gabri’eel koottu/2/ gadda balleessitee nagaa kan laattu koottu Gabri’eel koottu

Barri yoo raawwatu

Waaqni nama ta `uuf

Kan ergame siidha

Missiraachoo himuuf

Uumaa kiyya biraa

Naaf kadhu araaraa

Gabri’eelii eegaa koo

Sooraa kakuu haaraa.....Gabri’eel koottu gadda balleessitee nagaa kan laattu koottu Gabri’eel koottu

Koottu Uraa’eel koottu /2/ gadda balleessitee nagaa kan laattu koottu Uraa’eel koottu

Situtsiwwaabaateef...

Izraasutu’eeliif...

Ogummaa barsiistee

Beekumsa kan hirteef

Ergamaa Uraa’eel

C1 C2[Type text]

Mul'ate aangoon kee

Tsabala keen fayyee

Himee kabaja kee..... Uraa'eel koottu /2/ gadda balleessitee nagaa kan laattu koottu  
Uraa'eel koottu

Koottu takliyyee koottu/2/ gadda balleessitee nagaa kan laattu koottu takliyyee koottu

Yohaannis lammaffaa

Gooticha wangeelaa

Kan nutti argisiis tee

Karaa isa qajeelaa

Gadaamiwwan keerratti

Ifa keeibsitee

Takliyyee abbaakoo

Nageenya labsitee..... Takliyyee koottu gadda balleessitee nagaa kan laattu koottu  
takliyyee koottu.

